**Duula Siyaasaa Kaayyoo QBO Irratti Banameen Balaa Boru Hordofuuf Maluuf Kan Itti Gaafatamu Warruma Duula Kanatti Bobbahe**

**(Infoo Deeskii ABO irraa)**

Dhaabni Ginboot 7 jedhamu diina afaaniin akka diinummaatti himatu Wayyaanee gamatti dhiisee mooraa QBO diiguu irratti xiyyeeffatee jira. Dhaabni kun mooraa QBO keessaa namoota qubaan lakkaawamoo kan yakka dalaganiif gaafatamoo tahan bobaa jala qabatee akka meeshaatti dhimma bahuudhaan, guddina ABO ittiin xiqqeessuu fi kaayyoo ABO ittiin karaa irraa maqsuuf firoota kaayyoo isaa daboo/guuza waammatee duulatti seenee jira. Sana biras dabree, mirga abbaa biyyummaa ummata Oromoo bal'aa irra ejjechuudhaan, maqaa fi kaartaa biyya Oromoo, Oromiyaaf jibba qabu saalfii tokko malee ifatti ibsachaa jira.

Dhaabni maqaa tokkummaa Itoophiyaatiinin sosso'a jedhu kun miidiyaa harka isaa jiru *ESAT* jedhamu irratti, miidiyaalee Afaan Amaaraa dubbatan biroo hunda daboo baafatee, ABO fi hoggana ABO irratti xiyyeeffachuudhaan, duula ummatoota wal ficcisiisuuf deemu bal'inaan oofuu filateera. Adda Bilisummaa Oromoo dhugaa fi heerawaa tahe irraa jibbaa fi sodaa guddaa qabaachuu irraa, namoota qubaan lakkaawamoo kan dhaaba ABOs tahee kaayyoo QBO walii galaa bakka bu'uu hin dandeenye bobaa jala qabatee ibiddaan taphachaa jira. Duula diiggaa eegale kana irraa akka of qusatu yeroo adda addaa hubachiifamu illee gurra ittiin dhagahu hin qabaanne.

Akka duula ololaa G7 geggeessaa jiruutti, Oromoon biyya bal'oo Oromiyaa jedhamtu qabaachuu fi falmachuun yakka tahee dhihaachaa jira. Kaartaan Oromiyaa kan bal'ina qubsuma lafa Oromoo agarsiisu humna kana biratti balaa Itoophiyaa diigu jedhamee akka hamaatti balaaleffatamaa jira. Oromoon mirga hiree murteeffannaa isaa hojii irra oolfatee fedhu kophaa jiraachuu, fedhus ummatoota ollaa isaa waliin tokkummaa siyaasaa jaarrachuuf mirgi qabu humna G7 jedhamu kanaan akka yakkaatti fudhatamee bal'inaan irratti duulamaa jira. Gabaabumatti, dhaabni kun duula diiggaa QBO ABOtiin hogganamu irratti geggeessaa ture yeroo ammaa gara ummata Oromoo bal'aa diinomsachuutti ol guddisee jira.

Humni kun mirgoota ummanni Oromoo qabsoo isaa hanga har'aantanaatiin kabajsiifate, kan sirni Wayyaaneeyyuu hanga tokko amanee fudhachuuf dirqame haqee sirna abbootii isaa duriitti deebisuuf akka ifaajaa jiru ifaan ifatti lallabataa jira. Yeroo itti ummanni Oromoo mirgoota harka isaa gahan jabeeffachaa kanneen isa hafan guuttachuuf qabsoo hadhooftuu geggeessuu itti fufee jiru kanatti, humni maqaa G7 jedhuun of jaare injifannoo ummatni Oromoo hanga har'aatti argateyyuu of duubatti deebisuuf hawwii qabu ifatti mul'isaa jira. Oromoon hiree isaa murteeffachuun ummatoota Itoophiyaaf balaa guddaa dha jechuudhaan, ummatoota biyyattii hundumaa Oromoo irratti kakaasuuf sagalee ol fuudhee lallabaa jira. Oromoon ummatoota Itoophiyaa hunda biratti akka saba bulguutti akka laalamuu fi irratti duulamuuf waamichi godhamaa jira. Hogguu kun tahu ummanni Oromoos mirga isaa mulqamuuf dhaadatamaa jiru kana dhabama irraa oolchuuf jecha tarkaanfii fedhe fudhachuuf dirqamuun waan hin oolle. Wal diddaa kanaan balaa bor dhalatuu maluuf ammoo kan itti gaafatamu, G7, mediyaa isaa *ESAT*, miidiyaalee

isaaf daboo bahanii olola farra Oromoo kana oofaa jiranii fi yakkamotoota mooraa QBO keessaa isaanitti gananii akka meeshaatti tajaajilaa jiran tahuun ifaan ifatti beekamuu qaba.

Keessumattuu TViin *ESAT* jedhamu kan akka arraata G7tti tajaajilu, duula farra Oromummaa oofaa jiruun qooda ***Radio Mille Collins(RTLM)*** wajjin wal fakkaatu akka taphataa jiru yaadachiisuu feena. Raadiyoon *Mille Collins* jedhamu bara 1994 keessa balaan *Duguuginsa Sanyii Ruwaandaa* (*The Ruwandan Genocide*) akka dhalatuuf sababa guddaa tahuun isaa ni beekama. Ololoota hahhamoo miidiyaa kana irraan oofamaa turan tu duguuginsa sanyii suukaneessaa san dhalche. *ESAT*is akka amma Oromoo fi Oromummaa irratti fuulleffatee tooftaa adda addaatiin duulaa jiru kanaatti, Itoophiyaa keessatti rakkoon akka kan Ruwaandaa fakkaatu sun akka dhalatuuf bu'uura isaa buusaa akka jiru ammumaan hubachiifna. Kanneen duulaan G7f daboo kana bahanii afarsaa jiran illee gaafatama jalaa bahuu hin danda'ani.

Akkuma olitti tuqame, G7 ABO dadhabsiisee sabboonummaa Oromummaa dhabamsiisuuf hawwii qabu dhugoomfachuuf jecha, miidiyaalee Afaan Amaaraa dubbatan kan maqaaf walaba jedhaman mara daboo baafachuu irratti argama. Kanneen sirna duraanii keessatti hiree barnootaa addatti laatameefitti dhimma bahuudhaan miidiyaalee idil addunyaa kutaa Amaariffaa keessatti mindeeffamuuf carraa argatan hundi, bakka jiran maratti dhaamsa walii dabarsanii akka itti Oromummaa doomsanii Itoophiyummaa abbootii isaanii durii bakkatti deebisan irratti wal tumsanii hojjechaa jiran. Duula farra Oromummaa, farra ABO fi farra mirga ummata Oromoo bal'aa tahe kana hojii irra oolchuuf jecha, hiree miidiyaa harkaa qaban akka meeshaa guddaatti yoo dhimma bahan mul'atu. Sagalee yakkamtoota bicuu kan QBO keessaa gananiidhaa gurra guddisanii, sagalee ABO kan ummata Oromoo bal'aa biratti fudhatama qabuudhaa ammoo dhoksuuf saalfii tokko malee hojjechaa jiran.  Raadiyoolee, TV, marsaalee interneetaa fi maloota wal qunnamtii leellistoota sirna duriin geggeeffaman hundumaa irratti duula kana fakkaatu tu qindeeffamee deemaa jira.

Duulli hanga kana itti caphamee geggeeffamaa jiru garuu ummata Oromoo gowwoomsuu hin dandeenye, hin danda'us. Murni yakkamaan hawwitoota sirna duraaniitiin dhaadeffamaa jiru ummata Oromoo biyya keessaa fi alaa cufa biratti abaaramaa dha. Marsaaleen interneetaa, manneen paltalk, raadiyooleen hawaasaa fi maloonni walqunnamtii Oromoo walaba tahan kamuu murna dantaa Oromoo irra ejjetee Oromoo irratti duula bane kana afaan tokkoon salphisaa jiran. Hanga ammaatti hawaasa Oromoo keessaa akka namtokkeettis tahee akka gurmuutti tarkaanfii G7 kana kan deeggare tokko illee hin galmeeffamne. Kanaafuu duulli diinummaa hogganummaa G7tiin Oromoo irratti baname maayyiin isaa kufaatii, salphinaa fi gaabbii qofa. Akkuma dhaabni dhihoo kana akeeke, duula geggeeffamaa jiru kanaan G7 fi tumsitoonni isaa ABO fi ummata Oromoo moohachuu gonkumaa akka hin dandeenye irra deebinee hubachiifna. Humni sirna duraanii deebisuu abjootu kun bu'aan duula kana irraa argatu yoo jiraate, akkuma olitti eerame, balaa sababa duula kanaatiin dhalachuuf deemuuf suduudaan kan itti gaafatamu tahuu qofa!

**Infoo Deeskii ABO**